Laalama daddaffii rincicoma qaamaa (RAT) kan funyaanii akka itti ilaallatan

KEEP IT COVID safe

Qodaa (kit) RAT gosa adda addaa ni jiran.
Qajeelcha (instructions) qodicha waliin jiru hordofuu kee hubadhu.

Qajeelfamni walii galaa takka takka hordofuuf:

1. Osoo hin jalqabin qajeelcha laalama (test) kana waliin ergame dubbisi.
Qajeelchi takka takka koodii QR kan ati qortee (scan) vidiyoo isaa ilaaluu dandeessu qaban.

2. Harka kee dhiqadhu.

3. Xaxaa (packaging) bani.

4. Keessa uraa funyaan keetii keessa senti meetirii 2 seensisii haxooftuu (swab) keessa naannessi. Tokkoo tokkoo uraa funyaanii keessa yeroo shan sekondii 15f keessa naannessi.

5. Waan haxoofte hujummoo keessa kaa'i. Akka gaarii wal maki (mix). Haxooftuu akka gaarii cuunfuu (squeeze) ykn qabannoo isaa irraa cabsuu si barbaachisa taha – qajeelcha (instruction) kee dubbisi.

6. Hujummoo (tube) qadaadi.

7. Waan haxoftee fudhte sana qodaa itti laalamu keessatti cophsi. Qodaa irra qajelchi jiru meeqa akka itti cophsitu sitti hima. Qodaa laalamaa hin sochoosin ykn ol hin fuudhi.

8. Lakoytuu yeroo (timer) qabadhu. Akka qajeelcha qodaa irra jirutti yeroo kenname eegi. Kan irratti laaltu (window of test) hin sossosin ykn ol hin fuudhin.

9. Itti-baha (result) dubbisi (gara mirgaa irra ilaali).

Itti-baha laalamaa dubbisuu



'C' Control (sararaan as jiru laalamni sirriitti dalaguu agarsiisa)

'T' Test (sararaan hin mul'atu = dhukkuba hin qabu (negative), sararaan jira = dhukkuba qaba (positive)

DHUKKUBA HIN QABU

COVID qabaatuu dhiisuu dandeessa. Yoo mallattoo qabaatte, RAT irra deebi'I ykn guyyaa itti aanu PCR laalami.



GATII HIN QABU

Laalama kan biro godhi (tartiiba (steps) 2 hanga 9 jiran irra deebi'i). Si rakkisee? PCR laalami.



DHUKKUBA QABA

COVID qabda. Yoo sararaan 'T' laalama irraa mul'ate, yoo sirriitti hin mul'atu tahe illee dhukkuba qabaatuu mul'isa.

Yoo laalamni (test) kee dhukkuba qabaatuu mul'ise, daddaffiidhaan qofaatti bahii (isolate) Fayyaa Ummataa (Public Health) hubachiisi.

Itti baha (result) laalama kee dhukkuba qabaatuu kee sararaa (online) hubachiisuuf koodii kana qori (scan), ykn Toora Gargaarsa Bilbilaa Fayyaa Ummataa 1800 671 738 irratti bilbili.

1800 671 738 | **coronavirus.tas.gov.au/testing**

Tasmanian Government